LIGHT FOR THE WORLD

Xiyyeefannoo yeroo weerara KOOVIID-19 qaama miidhamtootaf barbachisu

Amajjii 30, 2020 dhaabbanii Fayyaa Adunyaa(WHO) argama dhibee vaayirsii nooveel Koronaa, KOOVID-19, rakko fayyaa Hawassaa arifichisa adunyaa, sababa ariitii fii saffisa tamsaa'ina isaatiin akka weerara ta'ee labsee jira.[1]

WHO fii aangaawoon dhaabbileen fayyaa addunyaa irra jiran dhibee KOOVIID-19 to'achuudhaaf tarkaanfiiwwan fudhachaa jiru. Qaamoleen Hawaasaa, kannen akka qaama miidhamtoota, dhibee KOOVIID-19 gar-malee miidhamuu danda'u. Miidhaa kana hambisuuf tarkaanffiwwan ittisaa barbaachisaa ta'an, qaamota dhimi ilaalu hundaan taasifamuun to'atamuun ni danda'ama.

KOOVIID-19
www.who.int/emergencies/diseases/novel-coronavirus-2019

Dhibeewwan dadarboo hin ta'in fi fayyaa sammuu
www.who.int/ncds
www.who.int/mental_health

Qaama
www.who.int/health-topics/disability

1 https://www.who.int/publications-detail/critical-preparedness-readiness-and-response-actionsfor-covid-19

KOOVIID-19

Yeroo weerara KOOVIID-19 Xiyyefannoon adda qaama miidhamoodhaaf maaliif barbaachisa?

Qaama miidhamatooni yeroo hunda tajaajiloota fayyaa kanneen akka, tajaajilootaa bishaaniifi qulqullinaa, odeeffanno barbaachisoo barnoota fayyaa fi waayee KOOVIID-19 dabalatee akka argataniif tarkaanfiiwwanbarbaachisan fudhatamuu qabu.

Qaama miidhamatooni dhibee KOOVIID-19 dhaaf carraa saaxilamuu guddaa qabu sababni isaas:

- Maloota bu'araa qulaqulina dhunfaa hojii irra oolchuudhaaf rakkachuu, kanneen akka harka dhiqachuu (f.k.n kan itti harka dhiqatan, paampiiwwan bishaanii yookiin bishaan boollaa keessaa fayyadamuu dadhabu, tarii namni sun harkaa isaa walittii sukkuumee dhiqachuudhaaf dadhabuus danda'a);
- Sababa deeggarsa nama biro barbaadaniif fageenya barabchisaa eegachuu dadhabuu.
- Odeeffannoo/deegersaa barbachisaa aragcahuuf waantoota adda adda tuquun waan isaan barbaachisuuf.
- Odeefannoo fayyaa hawaasa aragachuf sababota danqaa ta'an waan jiraniif/kan qama midhamtoota giddugalesa godhatee waan hin taaneef.

Rakkoolee Fayyaa duran jiran irratti hundaa'uudhan, namoonni qaama miidhamoo, yoo dhibee kanan qabaman tarii carraa guddaa dhibeewwan ciccimoo KOOVIID-19 fidan baay'ee keessa galuu danda'u. sababani isaas:

- KOOVIID-19 haalota dhibee fayyaa duraan jiraan itti hammeessaa, keessumaayyu rakkoowan kanneen sirna hargansuu waliin wal-qabatan, dalagaa sirnaa ittisa dhibeewwani, dhibee onnee yookiin dhibee shukkaaraa;
- Tajaajila fayyaa argachudhaaf gufuwaanjiran

KOOVIID-19

Qamaa dhimi ilaaltuuf waantoonni ilaalcha keessa galuu qaban

Tarkaanffiwwan namootaa qaama midhamoo fii maatiiwwan isaaniif taasisu

Saaxilamumma dhibee KOOVIID-19 qaban hiir'isuu

Qaama miidhamatoonif fii maatiin isaani hundi dirqama seerota kannen akka qajeelfama dhaabata fayyaa Adunyaa (WHO) maloota ittisaa barbaachisoo yeroo weerara KOOVIID-19 itti fayadamu qaban kaneen akka:harkaa dhiqachu,fi fagenyaa qama eegachuu.[2] yoo tarkaanfiwwan kana hojii irra olchuun isin rakkisa ta'e ;(fakeenyaaf meesha itti harka dhiqatan/siinkii/paampii bishaanii harkaa keessan yeroo dhiqatan hin mijatuu ta'e), maatii,hiriyaa fi gargartoota keessan waliin haala itti mijesuu danada'mu adda baafachuu. Dabalataan:

- Dabaltaan fagenyaa kessan hanga meetra tokko nama kamu irraa fagachuu.
- Iddoo namani baayeen walittii qabame tti argamu dhisuu fi namoota biroo waliinis qaaman wal qunnamuu hirisuu. Doowwannaawwan barbaachisoo gochuuf yeroo sochiin nama olaanaa jiraniin alatti godha. You Carraan adda qama midhamtootaf kenamuu jiraate isaati fayadama.
- Waan bittan karaa onlaayiinii yookiin karaa bilbilaa bitaa yookiin maatii, hiriyaa, yookiin wal'aantotni akka isiin gargaaran gaafaadha bakkeewwan namoonni baay'een jiran deemuu irraa.
- Waantoota isin barbaachisan kannen akka nyaata, meesha qulqullinaa, qorichoota yookin dhiyeessii qorichaa irraa deddeebii al tokkotti walitti bitadha ykn kara internetin(online), bilbilaan ykn ammo namoota isiin gargaran akka isin bitan gaafadha. iddowaan namoonnii baay'een jiran isin geessuu danda'an irraa of qusadha
- Yoo danda'ame mana taa'ati hojjedhaa, keessumaayyu yoo ammali hoji kessani iddo namoonni baay'atani hojjettu yoo ta'e.
- Meeshaaleen gargarsa qama keessan dangala'a farra bakteeryaatin qulqulleeffamuu mirkaneessaa, akka yeroo yeroodhan qulqulleeffamaniif; kunis kanneen akka wiilcheerii, qabannoo isaa, adeemsistuu wiilcheerii, boordii daddabrsituu, qabannoowwan aadii, yookiin meeshalee biroo kannen yeroo baay'ee harkaan qabatamani itti fayadamatan.

2 https://www.who.int/emergencies/diseases/novel-coronavirus-2019/advice-for-public

KOOVIID-19

Karooraa tajajilaa itti fufiinsa fii deeggarsa barabchisa baasu

- Yoo gargarsaa namoota biro barbadan ta'ebaayyina gargartoota dabluuxiyyeeffanno kessaa galchaa, yoo inni tokko raakoon isa mudhatee ykn adda of baasuu barbaadee akka rakko kessaa hin galeef fayyada.
- Yoo gargaraa kessan karaa eejansii mijeessitu ta'e, yoo rakinaa nama bakka buusuudhaaf karoorsuu qabu. Tarii maatii fii hiriyaatti waayee deeggarsa dabalataa isaan barnachsu i mari'achuu dandeessu, yeroo barbachisa ta'eeti akka argachuu dandachenafi.
- Dhabata Hawassa kessatti argamuu yomuu gargarsa barbadan qunamuu danadacheen adda baafachuu. Yoo isiin hawaasa keessatti deeggarsa barbaaddan isiniif dhufaan adda baafadhaa.

Maatiwwan keessan qopheesuu yoo tarii dhibee KOOVIID-19 niif saaxilamantaniif

- Miseensoota maati keesaani kaneen mana keessan keessaa jiraatan, maatii fi hiriyaa amantanis dabalatee, odeeffannoowwan barbachisa akka beekan godha. Kunis tarrii odeeffannowwan waayee Inshuraansii fayya, qorichoota fudhacha jirtan, fii kunuunsa (ijoollee, maatiiwwwan dulloomoo, beyiladoota mana keessaa) keessaniif barbaachisan hunda.
- Yomuu ogeessa fayyaa ykn tajajila fayyaa bilbilaan barbaadan Qajelfamoota(gorsota) naannoo kessanii hordofaa.
- Maatiwwan mana keessanii hundi yoo dhibee KOOVIID -19n qabamatan yookiin deeggarsa barbaadan maal akka gochuuakka qaban beekuu isaani mirkaneessa.
- Yoo isan kanan dura waliti dhufenyaa cima hin qabne ta'e, namootaa deeggarsa keessan keessan jiran sirriti isiin beknanin wal barsiisaa akka isaan haalaan waliin haasawaniif yeroo gargrasa barbadan isin gargaruu akka danada'an ta'a.
- Lakkoofsa bilbilaa kana mannen yaalaa[3] iddoo tajaajilootaa adda adda, yoo bilbila qabaattan yookiin deeggarsa fayyaa yoo isin barbaachise itti fayadamtu.

Fayyaa sammuu fii qaamaa miseensota maatii fii wal'aantotaa

- Akka miseensonni maatii hundi fii wal'aantootni maloota itisaa KOOVIID-19 ta'an beekuu isaanii mirkaneessaa.

3 Bilbillii mana fayyaa fayyadama telekoominikeeshinii fii teeknoologii varchuwaalii wal'aansaa fayyaa mannen yaalaa aadaa tiin alaa dhiyeessudhaaf.

KOOVIID-19

- Qajeelfama WHO waayee fayyaa sammu ilaallate jiruu fii qajeelfamoota waayee to'anna dhibeewwan daddarboo hin taane hordofaa, yeroo weerara dhibee KOOVIID-19 kana kessattii.[4] [5]
- Daa'imman qaama miidhamoo tapha isaani akka itti fufaniif, dubbisuu, barachuu, fii hiriyootaa waliin karaa bilbilaa, ergaa gabaabaa fi midaayalee hawaasaa haasawu akka danda'an taasisa
- Miseesnsa maatii keessa namani mallattoolee COVI-19 yoo agarsiisee, namni sun dirqama adda bahuu qaba, maaskii godhachuu qaba, fi hatatamaangara iddo qoranno itti kenamu demuun qortamuu qaba. Waantoonni tuqaman hundi qulqulleeffamuu qabuu, fi miseensi maatii keessaa hundi mallattoowwan kanaf to'atamuu qaba. Yoo danda'ame, namni kamiyyu kan hanqina fayyaa qaamaa yookiin dandamanna dhibee gad'aana qabu kutaa addatti adda baasuun dirqamadha hanga yeroon sakata'insa dhumuutii.

4 https://www.who.int/docs/default-source/coronaviruse/mental-health-considerations.pdf?sfvrsn=6d3578af_2

5 https://www.who.int/who-documents-detail/covid-19-and-ncds

KOOVIID-19

Tarkaanffii mootummaa irra eegaman

Odeeffannoo fayyaa hawaasaa fii wal qunnamtiwwan hundinuu haala itti argaamu danda'an mirkaneessaa

- Ibsa duree fi afaan mallatto odeeffannowan kallattin hawasaaf tamsa'aniifii qophiiwwan galmaawaaniifii hunda irratti fayadamu. Kunis ibisa biyyaalessaa, ibsaa gaazeexaawwani fii midiyaalee hawaasaa kallatti darbani dabalta.
- Meeshaalee odeffannoo hawaasaa gara bifaa "Dubbisa Salphaa" tti jijjiiraa kunis namoota midhama samuu qabaniif yookiin hanqiina waa hubachuu qabaniif akka itti faydaman gargara.
- Meeshaalee odeeffannowwan bu'uuraa, bifootaa galmee mijaawoo ta'aan (akka "Word") mata dureewwan siran qabeeyyii waliin, maxxansa guddaa, barreeffama qaroo dhabeeyyii(braille) fii bifaa namoota qaroodhabeeyyi fi dhagahuu hin dandanye ta'aniif mijeessaa.
- Ibsoota suuraaf fayyadan galmmee yookiin miidiyaa hawaasaa keessatti dabalaa. Fakkiiwwan hundaa hamatoo ta'ani fii qaama miidhamummaf qoleefatan hin faydamina.
- Dhaabbilee qaama midhamoo irratti hojatan waliin waliti dhufenyaan hojechu, qamoota mirga qama midhmaatif falmaanifi tajaajilaa gargrgrsa qaama midhamtootaa akka odeeffannoo fayyaa hawaasaa babal'isan dabalte.

ijaanoowan qaama miidhamtootai fii neetworkii deegarsa isaanii cimisanirratti xiyyefatee fudhachuua

Namoota qaama miidhamoo ta'aniifii dhaabbilee bakka bu'oo isaanii waliin hojjedhaa rakkoowan bulchiinsaa fii seerota qabaa mallaqaa safisaan adda baasuu, Isaanis:

- Kaasaa maallaqaa maatii fii kununsitootaa kanneen yeroo isaani fudhatanii namootaa jaallataniif gargarsan dabarsanif. Kunis kaffaltii, yeroon daangeffameef, miseensota maatii deeggarsaa tiif sa'aatiiwwan hojii dhaabbataa ta'ees dabalachuu qaba.
- Kaasaan maallaqaa maatii fii kunuunsitoota kannen daddarbanii hojjetanii fii hojii dhuunfaa hojjetan, kannen tarii qofaatti adda of baasu barbaadan, fii yeroo gara hojii itti dhufaan bakka namoonnii qaama miidhamoo ta'an baay'ee dhibee kanaan itti saaxilamuu danda'an.
- Haala mana ta'an hojechuun itti danda'mu mijesuu, sadraka poliisiittin, kafalti gutuu argachaa kara teeknoolojiiwwan adda adda faydamuun itt hojatamu mijeesuu.

- Tarkaanfiwaan maallaqaa (paakeejiiwwan dinagdee fooyeesuu) haala qaama miidhamtot fayaduu danada'u, kaneen akka, Tajajila liqii maallaqaa, kaffaltii gibiraa irra bilisaa gochuu, kaffaltii gibiraa hir'isuu, waantootaf mootumman gar tokkee kaffaluu fi baasiiwwan dhaabbatoo ta'aaniif dhiifama isaani gochuu.
- Da'imaan qama midhamoo ta'aniif haalao mannen barnootaa meeshalee barnootaa itti fufinsaan dhiyeesuu danda'an mijeessuu akka baratooni yeroo dheeraadhaaf mana taa'anii baratan gargara.
- Bilbilaa fi karaalee adda adda (fkn. Bilbila, emeeyilii fi SMS) qaama miidhamtooni akka mootuumma waliin marai'achu dandanifi, gaaffii gaafachuu, fii rakko isaani himachuu danadanifi gargara.

Karooraa tajaajiltootaa qaama miidhamoohawaasa keessatti irratti xiyyefatee qophesuu[6]

Qaamoota tajaajila qaama miidhamtootaa dhiyyeessan waliin hojachun tarkaanfiiwwan tajaajila itti fufinsaa fii dursa meeshalee ittisaa tkeenuudhaaf hojjedhaa:

- Akka eejansiiwwan namoota qaama midhamoota kunuunsa kennan haala itti fufinsaa qabuun dhiyeesu danada'u irratti tarii yeroo lakkoofsi namoota kunuunsa kennanii hir'aachuu danda'aniitti dhiyeessuudhaf qophi ta'u isaani mirkanefachuu.
- Qaamoota tajaajila qaama miidhamtootaa dhiyesan waliin hojedhaa bu'a bayi yerooa qacarrii hir'isuudhaaf of eeganoo barbachisan akkuma eegameti ta'e fknf sakaatinasa poolissi gargartootaf(kununsitootaf) godahamuu.
- Deeggarsa maallaqa yeroo gabaabaa tajaajila qaama miidhamtootaa ilaalcha keessa galchaa, akka isaani maallaqa gahaa arggatanii fii akka isaan gara dalaga(hoji) isaaniitin gad hin deebine mirkaneessaa.
- Tajaajila sarara bilbilaa qaama miidhamtootaaf dhiyeessuun akka isaan mootumma waliin rakkoo isaani marai'achuu danada'anif.
- Eejansiiwwan kunuunsaa qaama miidhamtootaa irrati hojataanif dursa kenuun akka meeshaalee qulqulinaa fi ittisaa dhibee ttif oolan kaneen akka, Maaski, gaawuuni, guwaanti(glove) fi saanitaayizara) akka kaffaltii irraa bilisaa argataniif haala mijeesu.
- Kunuunsitooni qaama miidhamoo ta'aniifii qoranoon KOOVIID-19 akkuma gareewwan dursaa kenamuufiti dursa aragachu qabu.

6 Dhiyeessitootaa qaama miidhamtootaa hawaasa keessaa eejanssiwwan kannen tajaajila kunuunsa dhiyeessan, carraawwan hojii fooy'aa, yookiin teerappiwwani fii gorsa namoota qaama miidhamoo ta'aniif gochu.

KOOVIID-19

Xiyyeeffannoo guddaa qaama miidhamtoota haala balaa cimaa keessa jiraniif fi carra dhibee Kanaan qabamu qabanif kennaa

Qaama miidhamtootaa fii dhaabbilee bakka bu'oo isaani waliinii hojjeuun, haalwaan qaama miidhamtoota irraa caalaan saxiluu danda'an adda baasuun irratti hojechuu.

- Eejaanssiiwwan tajaajiloota namootaa qaama miidhamoodhaaf dhiyeessan sadraka dhabatatin, hundinuu haala karoora itti fufinsa qabuun tajajila kenuu danadu isaani mirkaneefachuu.
- Namoota qaama miidhamoo mana hidhaa, karchallee fi mana sirreessaa adda baasuun, aangawoo olaanaa waliin mariachuun, hojiwaan maloota ittisaa dhibee fii faalamoota adda adda irratti hojechuu fi hojiwaan adda baafcahu.
- Namoonnii qaama miidhamoo kanneen mana hin qabne bishaan, nyaata, mana jireenyaa fi waal'aanssi fayyaa namootaa kaan waliin wal qixxummaadhanni fi maloota ittisaa KOOVIID-19 barbaachisoo ta'aan akka dhiyeeffameef mrkaneessaa.
- Fedhiin namootaa qaama miidhamoo akka karoorfamee fi qophii fii deebii weerara KOOVIID-19 mijuuwwan namoomaa keessatti galuu mirkanessaaqaama midhamoo buqqaatii keessa jiraatan, kaampiiwwan godaantootaa keessatti argaman, akasumaas qubanaa seeran alaa fi magalawwan kessati argamanis ni dabalata.

Tarkaanfiwaan yeroo balaa tasa fedhii namootaa qaama miidhamoo akka dabalatan mirkaneessaa

Qaama miidhamtoota fii dhaabbilee bakka bu'ootaa isaanii waliin walitidhenyaan hojjedhuun akka labsiin yeroo balaa tasa weerara KOOVIID-19 walqabtee ba'u fedhi qaama midhamtoota giddu galessa tasisuu isaa mirkanessa:

- Kunuunusitoonni qaama miidhamtootaa akka hojjettoota barbaachisoo fii akka mana keessa bahanii tajajila kenuu danda'an fii tarkaanffiwwan dhorkaa fi cufaatii seeraan baheen akka tajaajilaa deeggarsaa kenuu hin miinee mirkamnesuu.
- Heeyema adda taasisu, turtii mana keessaatiin wal qabte jiruun akka qaama miidhamoon dhiphina sammuu keessa hin galee akka yeroo gababa dhaaf of eeganoo barbachisa wajjin gara ala bahani deebia'an eeyemamaufi barbachisa.
- Tajajili bala tasa kamuu qaama miidhamummaadhan logiin akka hin uumamnee mirkanessa. mirgooni namuuma qaama midhamatoofa heyeemame yero bala tasa akk hin sarbemnee/dorkamanee ta'u qabu.

KOOVIID-19

Tarkaanffiiwwan hojjetoota kununsa-fayyaatiif

Taajajili kunuunsi fayyaa KOOVIID-19 a, gatii madaalawaa, hundi kan argatuufi hunda hamatee ta'uu isaa mirkaneessi

- Kilinikoonni hundi iddoo qorannoowwani KOOVID-19 itti kenamuu hundinuu qama midhamtoota mijawaa ta'umirkaneessaa. Gufuuwwan sochi qaama midhamaa daqaann (kannen akka karaalee bayye dhiphaa, sadarkaa darbii, bakka qaqqabuudhaaf yookiin meeshaalee fayyadamuudhaaf baay'ee ulfaatan); gufuuwwan ilaalchaa (kannen akka Istiigimaa/loogi a qaama miidhamtootaa fi tajaajiloota barbaachisoo dhowwachuu); fii gufuuwwan maallaqaa (kannen akka kaffaltii wal'aansa humana ol ta'e fi meeshalee wal'aansa argachu waliin wal qabatan). Odeeffannoowwan waayee KOOVIID-19 waliin wal-qabatan qaama miidhamoodhaa fii kunuunsitoota isaaniitiif bira qaqabu mirkanefachun bar barbachisa dha.qaba.
- Odeeffannoo karaalee ifaa fii walmadaalawaa ta'een fedhiiwwan namoota garaa garaa gidugalesaa godhateen geessisaa. Odeefffanno afaanii yookiin barreeffamaa qofaa irratti hin amaniinaa, fii karaalee namani hundinuu hubachuu danda'un namootaa midhamaa samuu fi xini samuu(psychosocial) hubannoo keessa galchee ta'u qaba.
- Gorsaa fayyaa mana mana irratti deemun qaama miidhamoodhaaf kennuu, fedhiiwwan fayyaa waliigalaa isaanii irratti akkasumas bakka barbaachisaatti, fedhiiwwan KOOVIID-19 waliin wal-qabataniif.
- Odeefannoo barbachisa Hojjettoota fayyaatiif qophesaa tiqindeessaatii raabsaa inis akka isaan rakkoo fayyaa fi hawwassumma qaama midhamtoota KOOVID-19 wajiin walqabtee mudatu bekan godha.
- Namootaa qaamaa miidhamoodhaaf deeggarsa barbaachisaa fedhiiwwan baay'ee rakkisaa ta'e waliin, keessuaayyuu yeroo isaan qofaatti adda of baasan. Yeroo barbaachisaa ta'ettti, waal'aansa fayyaa fii tajaajila hawaasaa, maatiiwwan fii kunuunsitota waliin qindeessaa.

- Murtoowaan karoorora meshalee bayinaan hin argamanifkn Veentileetaraa) rakoo qaama durani(imparment) duraanii, barbaachisumma deeggarsa guddaa, madaalliwwan haala jireenyaa, yookiin ilaalchaa meedikaalaawa/ogummaa faalla fayadamumma qaama miidhamoo ta'u dhabu mirkanessa. Qajeelfama WHO hordofuun warren carraa saxilamuu guddaa keessa jiraniif dursa kennuudhaaf.[7]

Bilbilaa fayyaa (telehealth) namootaa qaama miidhamoodhaaf dhiyeessaa

- Gorsa karaa bilbilaa, ergaa gabaabaa fii koonfireensii karaa video fa'aa dhiyeessaa kunuunsitoota fayyaatii fii deeggarsa xiini samuu hawaasaa qaama miidhamoodhaaf dhiyeessaa. Kunis tarii fayyaa waliigalaa isaanii fii dandamachuu (rehabilitation) itti dabalaata, fii bakka barbaachisaa ta'etti, feedhiwaan KOOVIID-19 waliin wal qabatan.

7 https://www.who.int/ethics/publications/infectious-disease-outbreaks/en/

KOOVIID-19

Tarkaanfiiwwan tajaajiltoota qaama miidhamoo hawaasa keessaatti

Karoora fi raawi itti fufuinsa tajajaajila baasu

- Tarii humni nama tajajila kenuu yoo hira; ata ta'e jedha karoora baasa, fii tarkaanfiiwwan barabcahisoo bulchiinsa fi teeknikaatiif, akkasumas kunuunsa kennitootaaf, barbaachisaa ta'e adda baasuu.
- Gufuuwwan qacarii rakkisaa ta'ee adda baasun trakanfiwaan brbachisa ta'an mootumma waliin hojachun hirdhisu, of eeganoo barabcahisa gochuun akkuma jiruuti ta'e, kannen akka sakata'insi poolisii kununsitootaf godhamuu dabaltee.
- Leenjiiwwan dabalata yoo danda'ame, moojuliiwwan onlaayinii (kara interneeti) qophesuun human haarwaa dabalata itti gafatamuuma fudhachuu danda'u omishuu.
- Dhabaileemiidhamtoota biyya keessaa kan biroo fi eejensiwaan kununsitoota waliin hojjedhaaa tajaajilota qaama miidhamatoota baay'e barabachisoo ta'an adda baasun furuudhaafii kannen itti fufuudhaaf baay'ee barbaachisoo ta'an akka banaa ta'aniif. Hir'inaa tajaajiloota kanaatiin warren baay'ee saaxilamoo ta'an adda baasaa.

Waliti dhufenyaa idilee qaama midhamtoota fi ijarsaa (network) isaan wajjin horachuu

- Odeeffannoo qaama midhamoo irratti xiyyefatan waayee KOOVIID-19, odeeffannoowwan namootaa qaama miidhamoodhaaff fi ijaarsa isaaniti baay'ee mijaawa ta'an mullisaa fii hariiroo isaaniis deeggaraa. Kunis odeeffannoowwan itti fufinsaa tajajilaa; bilbila mana yaala fi lakkofsota bilbilaa ariifachisoo; bakkeewwan tajaajiloota fayyaa itti argamuu danda'an; fi bakkeewwan yeroo saanitaayizariin harkaa yookiin meeshaleen qulqullessitun itti argamuu danda'an yeroo dhiyeessiin isaanii xiqqaa ta'utti, yookiin yeroo isaan tarii akka qofaatti adda of baasan barbaachisaa ta'etti.
- Karaalee walqunnamtii adda adda kanneen akka Bilbilaa, ergaa barreeffama fi miidiyaalee hawaasaatiif odeeffanno qooduu, fii odeeffanno duraan jiran yeroo barbaachisaa ta'anitti gara bifaa hundaaf mijataa ta'u danda'aniittii jijjiruu.

Yeroo qaama miidhamtootaafa tajaajila kennamu caraa Saaxilamu KOOVIID-19 hir'isuu

- Leenjiiwwan, fii humana ijaarsa dandeettiwwan kunuunsitoota qaama midhamoo ittisa dhibee (infection prevention) irratti guddisu.[8]

8 https://www.who.int/publications-detail/infection-prevention-and-control-during-health-carewhen-novel-coronavirus-(ncov)-infection-is-suspected-20200125

KOOVIID-19

- Kunuunsitoonnii qaama miidhamoo fi dhiyeessitoonni tajajilaa qaama midhamoomeeshaalee of eggannoo fayyaa barbaachisoo ta'an kannen aka maaskiiwwan, gilaaviiwwan harkaa fii saanitaayizariiwwan argachu isaani mirkannesaa; fedhiin daballaa deemu maluuisaa hubannoo keessa galchaa.[9]
- Tajaajilootaa qaama miidhamummaa barbachisa ta'e karaa tajajila mana mana irratti hundaa'ee yookin karaalee kanen akkaa telee fayyaa ttin kenuu.

Gargarsaa gaha qamoo midhamtoota fedhi walaxaxa qabaniif kennuu

- Namootaa qaama miidhamoo fedhiiwwan baay'ee walxataa ta'e qaban adda baasuun, isaan wajjin, maatii isaanii waajin, fii eejansiiwwan deeggarsa hawaasaa waliin hojjachuun, yoom hanqinii yk argamuu dhabuu kunuunsitoota mudhachuu danda'u adda baasaa.
- Taatewaanjeequmsa, miidhaa fi irranfatamuuqaama miidhamtoota dabalaan, sababa adda bahinsaa hawaasaa fi adda cituu jiruu idliee wajjin wal qabatani dhufan adda baasa; maala rakkoo a kana hir'isuu irratti deeggarsa keessan taasisaa, fakeenyaaf kara mijaata rakkoo isaani ittin gaabasuu danada'an mijaasa.

9 https://apps.who.int/iris/bitstream/handle/10665/331695/WHO-2019-nCov-IPC_PPE_use-2020.3eng.pdf

KOOVIID-19

Tarkaanfiiwwan dhaabbilee adda addaf

Caara Saaxilamuu KOOVIID-19 hir'isaa

Tarkaanfiiwwan ariifachiisaa fudhadhaa saaxilama KOOVIID-19 hir'isuudhaaf mijeessituu dhaabbilee keessatti:[10]

- Warren carraa saaxilamuu guddaa qaban adda baasaatii waliin hojjedhaa, maatii isaanii fii hojjettoota waliinmaloota ittisa dhibee (infection prevention) faydamuu irratti hojadha.
- Dhabileen qulqulluu, iddoo haraka dhiqanaa fi meshaalee qulqulinaa gaha qabachuu fi itti fayadamuudhaaf mijataa ta'u isaani mirkanessa.
- Walitti baayachuu namoota hanga danda'ametti hirisaa yoo danda'mee Taamsa'ina bakkeewwaniii fooyyessuudhan balisaa.
- Baay'inaa namootaa warren hospitaala saaykaatiri (dhibee samuu) keessa jiran hir'isaa, bakke danda'ametti, akka dafani hospitlaa bahaan gochuun gargarsaa barbachisa wajjin hawaasa kessati akka gargaramuu danda'an haala mijeesaa.
- Jiraattonni akka odeeffannoo waayee KOOVIID-19 qabachuu isaanii fi karaalee of-eegganno barbaachisoo ta'an akkamittti akka hordofan beekuu isaanii mirkaneessaa.[11]
- Maloota ittisaa faciinsaa dhukubaa hirsuu danda'an kessatuu yomuu gara dhabta fayyaa dhyfan (sa'aatiiwwan dowwanna) hoji irra oolchu. Karalee kaneen akka bilbilaa, interneeta, haasawa viidiyoo, tajajila kennuf mijeessuu.)

Dhaabbilee keessatti ittisa dhibee KOOVIID-19 dhaaf of qopheessuu[12]

- Qoranno fii kunuunsa meedikaalaa jiraattotaf yeroo barbaachisaa ta'etti dhiyeessu; jiraattota refeerali (wal'ansaa dabalata) barbadan gara dhabilee tajajila itti argatnitti eergaa.
- Barbaachisumma hojjettota deeggarsa dabalata kunuunsa namoota haala dhibee salphaa qaban kannen hoospitaala cisuu hin barbachifineef of qopheessaa.
- Meeshalee of eeggannoo dhuunfaa sirrii ta'an yeroo barbadameeti jiraattota qaama miidhamoofii hojjetootaaf biroof dhyeessaaf.

10 https://apps.who.int/iris/bitstream/handle/10665/331508/WHO-2019-nCoV-IPC_long_term_care2020.1-eng.pdf

11 https://www.who.int/emergencies/diseases/novel-coronavirus-2019/advice-for-public

12 http://www.euro.who.int/__data/assets/pdf_file/0019/434026/Preparedness-prevention-andcontrol-of-COVID-19-in-prisons.pdf?ua=1

KOOVIID-19

- Malootaittisa dhibee (infection prevention) jiraattotaa KOOVIID-19 qabanii kannen hoospitaala cisuu hin barbaadne (e.g akkata itti maaskii uffatanii fii jiraattota biroo waliin wal –qunnamuu dhiisan) akka hoji irraa olchan taasisa.

Jiraatoota Qaama miidhamtootaa ta'anif deeggarsa gahaa dhiyeessaa

- Akka hojjettoonni fii dhiyeessin gahaanitti fufinsa kunuunsaa fi deeggarsa jiraattotaa ittisa fii eeggannoodhaaf gargaaru jiraachuu mirkaneessaa.
- Deeggarsa xini samuu (saaykooloojii) jiraattota weerara wajin walqabte dhiphina keessa galniif dhiyeessa, karaa bilbilaa fii tajaajila saaykolojii karaa onlaayinii fi kallattidhaanhiriyaa walin dubachuundhaan dhiyeessaa.

Yeroo Weerara KOOVIID-19 mirgoota jiraattotaatiif wabii kennaa

- Akka jirattonni hin miidhamnee fi hin tuffatamne fii gochawwaan dirqisiisoo weerara KOOVIID-19 walqabte akka hin raawwatamne yookiin hin dagaagnee mirkaneessa.
- Dhugaa jiru beekuu, Oddefanno sirri ta'e qabachuu, Oloola dogongoraa wa'e COVID-19 facasuu dhisuu.

KOOVIID-19

Tarkaanfiiwwan sadrakaa hawaasaaf

Malooni ittisaa bu'uraa sadrkaa hawaasaaa hundaan raawatamu qaba

- Qajeelfamoota WHO dhaan maloota ittisa KOOVIID-19 irratti jiraan hordofaa. Balaa KOOVIID-19 fiduu sirritt hubadhaa; tarii carraan akka nama dhunfati mallatto dhukubichaa mul'isuu kessaani xiqa ta'us vaayirasiicha nama biraa itti dabarsuu dandeessu.

Hojisiftooni haala hojii mijaawaa fii maloota ittisa dhibee irratti deegarsa barbachisa keennu

- Qajeelfama WHO hordofaa iddoo hojii keessan weerara KOOVIID-19 tiif qopheessuudhaaff.[13]
- Bakka danda'ameetti, haalaa hojii mijaawaa kan namoonni qaama miidhamoo fageenyaa irraa hojjetaniif mijeessaa. Teeknoolojiiwwan isaan barbaachisan, kannen akka meeshalee deeggarsa kamiyyuu kan addatti bakkee hojii itti argaman dabalatee qabaachuu isaanii mirkaneessaa.
- Yoo hojiin fageenyaa hin danda'amu ta'e, namootaa qaama miidhamoo carraa mallattoo baay'ee cimaa agarsiisuu danad'an akka boqonna fudhatan godha (boqanaa hojii kaffaltii waliinii) hanga balaan dhibee hir'atutti. Seerota fi imaamataa mootumma kana yaada kana hoji irra oolchuuf deeggaruu danda'u adda baasa
- Malooni ittisa dhibee iddo hojiiti argaman, kannen akka iddo harkaa dhiqanna nama hundaaf itti fayadamuudhaaf mijataa ta'u isaanii mirkaneessaa.

Haala iddo gabaa calmaatiitti faydamuu danda'an abboti qbaenyaa qama hawaasa bayye saxlimaa ta'ef mijeesuu

- Sa'aatii adda tajajilaa iddoo gabaa qaama miidhamoodhaaf yookiin namoota caalmaadhan saaxilamoo ta'aniif ramaduu yookin karaalee filannoo adda qaama miidhamoo tajajilaa gabaa argachuudanda'an mijeessaa (fkn. Manatti dhiyeessu, yookin onlaayinii ajajachuu).

Deggarsa dabaltaa kan maatii, hiriyaa yookiin ollaawwaniin irraa qaama miidhamaadhaf dhiyeessu

- Yeroo yeroo dhaan qaama miidhama waliin deeggarsa cimina miraa (emotional support) fii deeggarsa hojidhaan, fageenyaa barbachisa eegachuun kenuufin ni barbachisa.
- Dhugaa jiru beekuu,Oddefanno sirri ta'e qabachuu,Oloola dogongoraa wa'e COVID-19 facasuu dhisuu.

13 https://www.who.int/docs/default-source/coronaviruse/getting-workplace-ready-for-covid-19.pdf?sfvrsn=359a81e7_6

© Light for the World International 2020

This translation was not created by the World Health Organization (WHO). WHO is not responsible for the content or accuracy of this translation. The original English edition Disability considerations during the COVID-19 outbreak Geneva: World Health Organization; 2020. Licence: CC BY-NC-SA 3.0 IGO shall be the binding and authentic edition.

This translated work is available under the CC BY-NC-SA 3.0